# 15. BALAA SAGAL TA WAAQI MISIRIIT ERGE.

## Bahiisa 7-11

Eegi Musafi oboleesi isa Haruniini durdeemtota Israeliitin woolwoldeette, worri gara Farao daqe waan isaan jed'e, "Waaqi Israelii waan jedhu, gumii tiyya gadi lakisi akka worri lafa haLutui jila naa tolchu."

Ammo Faraon waan jedhe, "Waaqi kunini eennu? Anin isa himbeekhu ammalle gumi Israelille gadi hindhiisu. Isan maafi gumi tana huji dowartan? Arma yaa." Faraoni guddo dallane, haga qaraalle irra huji iti guddise. Duuba worri Musati bohe.

Musani Waaqa kad'ate, jennani Waaqi waan jedheeni, "Deema waan isan gumii Israeliitin jettani, 'Anini yayu boha teesani dhagae, anin garbuma Misirii keesa isan baasa. Anin gumi tiyya isan tolche, ammalle lafa Abrahamuufi, Isaaqofi Yakoboo khakhadhe isan geesa.'"

Musafi Haruniini gafa Faraoti deebiani, jennani wolwollaansuni jiddu Hayyu Misiriitifi Waaqa Israelii jalqabate. Qara fiit'e, Haruniini akheekha uleeni bofaati jijiiramtu garsiise. Ammo Faraoni dhugeefachu dide, gumii Israelii gadi dhiisu dide. Jennani balaani jalqabate. Musani harka bisaan Misirii iraati dheerefate jennani galaanafi haroofi eeli Misirii chufti dhiigati jijiirame. Bisaani dulo kees jiranillen chufti dhiigati jijiiramani. Qurtumiin galena chufti hobaate, ajaafu nami bisaan dhugu dadhabe. Ammo Waaqi gara Farao jabeesse, inni durumati deeme gumi Israeli gadi dhiisu dide.

Jennaani Waaqi balaa raacha lafa Misiriit erge, duuba Faraoni Musa yaame waan jed'eeni, "Waaq kadhadhu akka inni balaa raacha tana nurra fuudhu." Musa akkasuma tolche. Ammo Faraoni durumati deeme mata jabaate.

Jennaani Haruniini ulee isa olqabe, duuba hawaarti lafa Misirii chufti tiite taate. Falfaltuni duraan akheekha Waaqa Israeli akkesite, dandeette akheekha balaa kana dowwu hindandeenne, worri waan jed'e, "Kunini harka Waaqati!" Ammo Faraoni hindhageenne.

Duuba Waaqi balaa jaa dhibi worra Misiriiti lakkise, ammo Israeli balaan tokollen inarganne. Balaan tunini ta akka tiitee, dukkuba horii, dhullaa, bokka dhakhaan roobu, hawaanisa fi dukkana. Yo balaan dhuftu chufa, Faraoni "Eehe" jedhe yo isiin dabartu gumii Israeli gadhiisu dida.

Jenanni Waaqi waan Musani jedhe, "Wonti anini onne Farao jabeesefi anin gummi Israeli dhaanuti jira waan worri waaqota harkaan bochani khadhatanifi. Wonti anini akheekha khana hojjachuuti jiruufi akka isanifi ijolle teesaniifi akhaakhowan teesani akka anini Waaqa hubatan. Amma anini balaa tokko lafa Misiriitin gadi dufa, duuba Faraoni guutamsaan gadi isan dhiisa."

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Maantu onne tante Waaqati jajabeesa? Ch'ubbun didiqoon kara kamiini dandeette ch'ubbu gugurdoot nu geesiti?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini kara kamiin dandeette HUMNA Waaqa nu garsiifti? (Angoo isa, Guddinna isa, Akka inni qarqaarsa tokolle garu himbarbaanne).**
    - Inni guddinna isa gumii Israeliitifi gumii Misiriilleti immullise.
    - Inni uumama iralleeti jabeenna qaba. Balaa ak akkaa lafaatin d'ufe. (Balaa sun ch'ufa tokko tokoon maqa d'ai. Balaan ch'ufti waaqota d'ara ta lafa Misirii kees jirtu garsiifte, tunini akka Waaqa male waaqoti d'ibiini ch'ufti waan d'ara garsiifti.
    - Waaqi onne Farao harkati deefate, onne isa jajabeesse.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi beekha waan ch'ufa garsiifti?**
    - Waaqi onne Faraotiifi waan inni taulle beekhe akka Waaqi waan kan ch'ufa keesati ulfaatulle beekhe.
- **Oduun tunini kara kamiini qulqullooma Waaqa garsiifti? (Akka inni kha d'ugaa tahe, akka ch'ubbu jibbu, akka inni gati ch'ubbuu duisaan baasu)**
    - Inni waaqefanna waaqota d'ara ta lafa Misirii injibbe. Faraofi gumii Misirille inadaabe.
    - Ch'ubbuun duisafi balaa akka akaatini lafa Misiriiti d'ufte.
- **Oduun tunini kara kamiin tola-eebba Waaqa garsiifti? (Naasu isa, akka inni namaan wolhaasau, arjoomafi dansooma isa)**
    - Inni gumi Israeli imbaase, ato worri ch'ubbaaleyi taheellee.
    - Inni kara Musatiini gumi Israeliitini woli haasae.
    - Inni qoommii araara hedduu gumii Israeliiti kenne.
- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti? (Inni kha hinjijiiramne, kha kakhu ufi guutu)**
    - Waaqi durumaati deeme kakhu d'ufaansa Baasaa kara Israeliitini guutu jira.
    - Inni ammalle kakhu Abrahamuu gale ta eegi ganna 400 sanyi isa garbumma jala baase, durumma guddo kennaafi jed'e, guututi jira.
    - Inni ammalle kakhu kara Musatini gumi Waaqa garbumma jala baasu guutu jira.

**Oduu tan keesati, ilme nama irra maan baranna?**

    - Ilmeen nama ch'ubbitii ammalle guddo mata jabaati. Faraaon onne jabaate. Gumiin Misirii waaqota d'ara kad'ate.
- **Waaqoti d'ara ta biyyiti arra waaqefattu maan fa?**
    - Waaqoti d'ara waan bifa iti tolchani harkaan boch'an ch'alaaniti yokhaan uumama Waaqi uume kha woyyoomsan ch'allaaniti. Waaqoti d'ara waan atin fula Kristoo keete abdi irra keeyattu, kha akka barnoota, horii fi qabeenna, maqa gugurdaa fi gurr gugurda, tikha dansaafi gammadaa ak akkaa. Yo gari d'ugeefatootilleen waaqota d'ara heddu qabdi, ta Waaqa d'ugaa irra worra fageesitu.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Waaqi gumi Misirii waan worri Waaqota d'ara waaqefateefi worra adaabe. Waaqoti d'ara ta biyiti arra waaqefatu maan fa? Waaqota d'ara kakana waaqefachu jechuuni duraati jilbuu ch'allaaniti. Karaan d'ibiin nu dandeenne waaqota d'ara kana waaqefannu kami fa?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>** (Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Waaqoti d'ara ka guyya arra jireenna kanke kees jirtu ta atini fula Waaqa d'ugaa keete jireenna kanke ch'ufaan iti amante d'ugeefate iti hirkattu jira?** Waaqoti d'ara kunini kara kamiiniakka atini Waaqa d'ugaati d'ugeefate Kristo keesa hinguddanne si tolcha?
- Waaqi gumii Israelii balaa gumii Misirii balleesite irra qorqorate. Jirenna kanke keesati wonti Waaqi si gaafachuuti jiru ta atini obsaan isa abdachuu malte maan fa?